Faayidaa COVID-19 konkolaachiftoota taxi fi Uber dabalatas namoota hojii dhuunfaadhaan keesanii hojjetaniif

Gaafiif Deebi (Q & A)

Madda Bu'uura odeeffanno armaan gadiitiif :
https://cupe.ca/canada-emergency-response-benefit-qa

Gaaffi: An Konkolaachisaa Taxi/Uber/Lyft, ykn an hojii dhuunfaakoon hojjedha jira. Weerara COVID-19n wajjin walqabatee yeroo amma kana hojiikoo hojechuu hin dandeenye. Ulaagaalee iyyannoo wabi-kafaltii-qacarri (EI) waanin guutus natti hin fakaatu. Fayiidaa mootumaan kennu kan biraa argachuuf ulaagaalee guutuu nan danda'a?

Deebi: Eeyeen, ni dandeessa. Faayidaan Fayiddaa fi Deebi Hariifachiisa Kanaadaa inni haaraan (Canada Emergency Response Benefit/CEBR) kan inni haammatu: hojetoota sababaa COVID-19tiin galii dhabanii fi kan seeraan hojii irra hin hir'ifamin/hari'atamin. Kana jechuunis mindeefamtoota Ji'aa, hojetoota kontoraataa, namoota hojii dhuunfaa jaraa hojjetan konkolaachiftoota Taxi/Uber/Lyft hundumaa of keessatti qabata.

Gaaffi: konkolaachiftooni Taxi/Uber/Lyft fi namoonni hojii dhuunfaa hojjetan haal-duree tokko malee ulaagaa CERB guutuu ni dana'uu?

Deebi: Lakki, hundumtuu hindanda'an. Tajaajila kana argachuuf, iyyatoonni gali $5000 kan 2019 ykn guyyaa yyannoon CERB kana dura ji'oottan 12n darban keessatti galii gaafatame kana qabaachuu qabu. Galiin kun mindaa, Galii dhuunfaa ykn faayidaawwan abbumaaf haadhummaa irraa argatan ta'uus ni danda'a.

Gaafi: Akkamitiin CERBtti iyyachuun danda'ama?

Deebi: Gucci iyyannoo CERB gaafa Ebla/April 6, 2020 irraa eegalee marsaritii ykn toora interneetii irratti labsama. Akka marsariitiin kun toora interneeti irra ooleen, nutis marsariitii keenya irratti https://ethioerisupport.webnode.com/ maxxansina. Kana malees odeefanno dabalataatiif marsariitii Mootumaa Kanaadaa ilaaluu ni dandeessu.

Gaaffi: Hanga qarshii meeqaatti CERB irra argachuu danda'a? qarshii kanas yoomitti eegu laata?

Deebi: CERBn $2000 ji'a ji'aan hanga ji'a 4tti kaffala, kafaltiin kunis gara boodatti deebi'ee gaafa Bitootessa/March 15 irraa eegala. Faayidaa/qarshii CERB kana erga iyyannoo keessan galchitanii booda guyyaa kudhan keessatti isin bira ga'a. Kaffaltiin inni jalqabaas gaafa Ebla/April 16 baankiitti isiniif gala (yoo karaa poostaa ta'e immoo yeroo muraasaf boodatti harkifachuu danda'a).

Gaafi: An tajaajila wabi-kafaltii-qacarri (EI)tti iyyadheera, dabalataaf akka tajaajilli CERBtti jalqabeen iyyachuu nan danda'aa?

Deebi: Lakki. Yoo tajaajila wabi-kafaltii-qacarri (EI)tti iyyateetta ta'ee, Fayidaa isa haaraa kanaaf iyyachuu hin qabdu, iyyannoonkee hattattamaan gara CERBtti deemee kaffaltii toban 16 qofatu siif kennama.

Gaafi: An ulaagaalee tajaajila wabi-kafaltii-qacarri (EI) nan guuta garuu isatti hin iyyanne. Tajaajila wabi-kafaltii-qacarri (EI)ttin iyyachuu qabamoo, jalqabbi tajaajila CERB kana eegu?

Deebi: Kanaaf wanti qulqulaa'ee taa'e hinjiru. Ofeegannoodhaaf garuu, keessattuu yeroo kanatti tajaajila wabi-kafaltii-qacarri (EI)tti iyyachuu wayya. Kun ta'uu baanaanis immoo, hanga Ebla/April 6, 2020 eegdee CERBtti iyaachuu dandeessa. **YAADANNO:** yoo gaafa Ebla/April 6, 2020 iyyanoo galfattu ta'e, rakina adda-addaa toora interneetiif ykn marsariitii CERBtiin wal-qabatuuf of-qopheesuun barbaachisaadha. Kunis, guyya kanatti, jechuunis gaafa Ebla/April 6, 2020 uumata hedduun Kanaadaa guutuu irra si'a tokkotti marsariitii kana tajaajilama waan ta'eefidha.

Gaafii: Yoo dhukkubnni natti hammaate ykn hojii yoon dhabe faayidaa CERB booda maaltu namuudachuu danda'a laata?

Deebi: Yoo yeroo ykn sa'aatii ga'aa wabi-kafaltii-qacarri (EI)dhaaf qabaatte, ammayuu erga kaffaltiin CERB toban 16 dhumee booda tajaajila wabi-kafaltii-qacarri (EI)ti iiyachuu dandeessa.